

سُورَةُ الْأَنْفَالِ
Suuraa Anfaal

*Dura dursoo suuran tun suuratlu'anfaal je'-
amti,

قبل كل شئ هذه هي سورة الأنفال

*Isiin suuraa madiina'aati aayata {30} ha-
nga {36} malee isiin ta makkaatii

وهي سورة مدنية الا الآيات من { ٣٠ الي
الآية {٣٦} فمكية

*Aayaanni isi'ii torbaatamii shani {75}

وآياتها خمس وسبعون {٧٥}

*Lakkooyi is'ii saddeeti

وترتيبها { ٨ }

*Isiin eega suuraa baqara'aatii buute

نزلت بعد سورة البقرة

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii waa hund-

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

aan nama qananiisutii.Sababaan aayaanni yookaa suuran tun buutef, gaafa lolli badrii taye kuffaarri caphee ormi islaamaa waa hedduu isaanirraa boojiyan, duuba horii boojiyan san addaan qoodatuu keessatti takkaa hirmaata isaa keessatti, ormi islaamaa wal dhabe,maalif dardari wanni je'e; warri lole nuhii, nuutu horii san haqa godhata, manguddoonis wanni jette; nuutu isin duuba dhabatee isin gargaaree, namni odoo isin cabxanii lolatti dabru nuhii, nus haqarraa qabnaa khophaa teessan hin nyaatinaa je'an, waan horiin akkanaa kun san dura hin jirreef akka itti hiratan wallaalan, duuba hoggaa san aayanni as demtu tun buutee Rabbiin isii keessatti akki je'e;

*Yaa ergamaa kiyya muhammad waan kuffarraa boojitanirraa si gaafatan, kan eenyuti, eenyutu haqa godhata, je'anii,

يَسْتَلُونَك عَنِ الْأَنْفَالِ

*Anfaalli, horiin boojiyame kan Rabbiifii rasulati,isaantu bakka itti godha ji'iin je'e, duuba nabi Muhammad ka'eeti horii san qixxe'etti ashkara isaa jiddu'utti qoode,

قُلِ الْأَنْفَالُ لِلَّهِ وَالرَّسُولِ

*Rabbi sodaadhaa,

فَاتَّقُوا اللَّهَ

*Jidduu teessan tolfadhaa, wal diddaa dhiisaa,

وَأَصْلِحُوا ذَاتَ بَيْنِكُمْ

1} *Rabbiifii ergamaa isaa dhagayaa yoo kan dhuga'aan amantan taatan.

وَأَطِيعُوا اللَّهَ وَرَسُولَهُ إِنْ كُنْتُمْ مُؤْمِنِينَ ﴿١﴾

*Warri iimaanni isaanii guutu'uu, orma mu'minarraa ,

إِنَّمَا الْمُؤْمِنُونَ

*Isaan jara hoggaa Rabbiin isaan biratti dubbatame, kanneen hoggaa azaaba Rabbii dhagayan,

الَّذِينَ إِذَا ذُكِرَ اللَّهُ

*Qalbiin isaanii sodaattu, karaa Rabbirraa mayn'eeti gubannaa soda'aaf,

وَجَلَّتْ قُلُوبُهُمْ

*Jara hoggaa aayaanni, yookaa qur'aanni Rabbii isaanirratti qara'ame,

وَإِذَا تُلِيَتْ عَلَيْهِمْ آيَاتُهُ.

*Iimaana isaanii idaatu, Rabbi dhugo'oomsuu akkaan jabeessan ,

زَادَتْهُمْ إِيمَانًا

2} *Kan wahayyuufuu Rabbii isaanii abdatanii isumatti irkatan .

وَعَلَى رَبِّهِمْ يَتَوَكَّلُونَ ﴿٢﴾

*Isaan iimaanni isaanii guutu'uu sun warra salaata guutee dhaabu, takkaayuu salaatu,

الَّذِينَ يُقِيمُونَ الصَّلَاةَ

3} *Warra waan isaanii kennine kennee , warra haaja me gargaaru, yookaa horii isaanii tolaan Rabbii je'anii baasan .

وَمِمَّا رَزَقْنَاهُمْ يُنْفِقُونَ ﴿٣﴾

*Warri waan dubbanneen beekkame sun

أَوْلِيَّكَ

warri qalbiin isaanii Rabbi sodaattu, kan qur'aana yoo dhagayan iimaanni ida'-amuuf, warri wahayyuufuu Rabbitti irkatu, kan salaata tolchee salaatee, zakaa baafatee waa sadaqatu, jarri haalli isaanii akkanaa, kan dalagaa isaanii tanaa sun ;

*Isaanumaatu warra dhuga'aan amane, nama biraatii mitii,

هُمُ الْمُؤْمِنُونَ حَقًّا

*Jara saniif darajaa heddu'uutu Rabbii isaanii bira jira,

لَهُمْ دَرَجَاتٌ عِنْدَ رَبِّهِمْ

*Ammallee araarama argatan,

وَمَغْفِرَةٌ

4} *Ammallee rizqii gaarii jannata keessaa qaban.

وَرِزْقٌ كَرِيمٌ ﴿٤﴾

5} *Akkuma Rabbiin kee haqaan mana ketii yookaa madiina'aa si baasee, odoo gariin mu'minaa jibbuu, akka kuffaara qureyshi'i-

كَمَا أَخْرَجَكَ رَبُّكَ مِنْ بَيْتِكَ بِالْحَقِّ وَإِنَّ فَرِيقًا مِّنَ

itin loltee cabsitu si godhe, akkasuma waan kuffaararraa boojitan nyaatuu karaa isinii godhee, dubbii waan sanii harka kee kaaye, kan akkan siin je'utti qooddu ..akkasuma waan Rabbiin kee siin je'u irraan deebi'inii dalagi, wanni dubbiiin tun irraa dhufte jibriil nabi Muhammadiin naggaadin qureyshi'ii tan horii keessan harkaa qabdu shaamirraa gara makkaa karaa madiina'aa dhufu'uu teessii itti bayi je'een, duuba nabi Muhammad orma islaamatti odeessee, nama xiqq-a'aan madiina'aa bayan kara'atti eegu'uu jecha, ammoo naggaadonni sun kana

الْمُؤْمِنِينَ لَكَرِهُونَ ﴿٥﴾

dhageenyan madiina'arraa meyxeeti makkatti dabran, haa tayuu warri makkaa waan ormi islaamaa yaadu dhageenyan, horii keenya dhabu'uufii orma islaamaa haa irraa dhoowwannuu je'anii dirmachuu jigan, waan qaban fudhatanii ,haa tayuu isaanii dirmachuu karaa jiru, nagganni isaanii islaama jalaa bayuu dhagayanii, sanumaan wajji ormi qureyshi'ii,humna teenya arabaafii orma islaamaa garsiifnee akka nu sodaatan goona je'anii magaalaa arabaa takka tan bakka {badri} je'aniin bira jirtutti qajeelan, ammoo nabi Muhammad orma islaamaa hanga wajjiin madiina'arraa shammada yookaa naggada qabu'uu bayan saniin akka je'e; Rabbiin waa lamarraa takka nu abdachiisee jira, lamaan sun; takka shammada qureyshi'ii kan nu harkaa baye kana,tokko duula qureyshi'ii kan nutti as yaa'u kanaa, yoo horii qureyshi'ii dhaqqabuu baanne duula qureyshi'ii cabsuun oolluu, duula qureyshi'ii kan badri qubate sanitti duullaa hayee je'ee, orma islaamaa gaafatee, irra hedduun isaanii ittiin nu qajeeli, akkuma Rabbiin kee si ajajetti je'een, ammoo gariin orma islaamaa wanni je'e; yaa rasuula Rabbii ashkarri qureyshi'ii heddu'uu ,kumatti dhiyaataa ,nu nama xiqqa'aa {313} wanni baanef gaala shammadaa kan waraanni jabaan wajji hin jirre qabatu'uufii duulaf hin qophooynee, madiina'atti deebinee qophooynee haa baanuu je'e, Rabbiin jara kanatti akeekke akka je'e;

*Jarri kun waan haqaa keessatti siin falman,
lakkii hin lollu je'anii, siin falman,

*Eeguma hayn'i isaanii mul'atee,

يُجِدُّونَكَ فِي الْحَقِّ

بَعْدَمَا

6} *Akkuma waan odoo ijaan arganuu du'atti oofam anii tayanii, duuba ati yaa ergamaa kiyya Muhammad dubbii jara kanaa hin dhagayinii, akkuma Rabbiin kee haqaan lolaaf mana keetii si baasetti hin deebi'inii lolatti qajeeli, akka irra hedduun ashkara islaamaa jaalate.

بَيْنَ كَأَنَّمَا يُسَاقُونَ إِلَى الْمَوْتِ وَهُمْ

يَنْظُرُونَ ﴿٦﴾

*Gaafa Rabbiin waa lamarraa takka teessani je'ee shammada argatuu, takkaa duula qureyshi'ii cabsuu isin abdachiise, yookaa baal-lama isinii seene dubbadhaa,

وَإِذْ يَعِدُكُمُ اللَّهُ إِحْدَى الطَّائِفَتَيْنِ أَنَّهَا لَكُمْ

*Kan isin waan lamaanirraa waan hu mniti lolaa biraa hin jirre argatuu jaalattan,feetan, sun gaala shammadaatii kan gara waan humna qabuu goruu hin feene sun duula qureyshi'ii kan lolaaf eela badrii dhufe,

وَتَوَدُّونَ أَنَّ غَيْرَ ذَاتِ الشَّوْكَةِ تَكُونُ

لَكُمْ

*Ammoo Rabbiin haqa mul'isuu fedha islaama mul'isu'uun, akka nan mul'isa je'ee dubbatee dabarsetti,

وَيُرِيدُ اللَّهُ أَنْ يُحَقِّقَ الْحَقَّ بِكَلِمَاتِهِ

7} *Rabbiin kaafira lafarraa buqqisuu fedha ,tanaaf duula qureyshii'itin lolu'utti isin ajaje.

*Wanni orma kuffaaratiin lolu'utti isin kaasef haqa gad dhaabu'uufi, islaama jabeessu'uufi,

8} *Ammallee kufrii dhabamsiisu'uufi odoo kaafirriileen jibbee.

*Gaafa kuffaararratti nu gargaari jettanii, Rabii keessanirra dirmachuu barbaaddan dubbahu, sun gaafa lola badriitii,

9} *Kan Rabbiin malaaykaa wal faana oriitu kumaanan isinii dirmadhee dura dursoo isin gargaara je'ee baallama isinii seene, kan eegaii hanga malaaykaa kuma shanii buusee isin gargaare dubbadhu

*Rabbiin gaafa lola badrii malaaykaa isinii erguu kana waan biraatii hin goonee isin gammachiisu'uufi,

*Ammallee akka qalbiin teessan isaanin boohartu'uufi malee, isaantu kuffaararratti isin moosisa'aafii miti , maalif,

*Mirga argatanii, kuffaara injifatuun Rabbiirraa malee gara biraatii hin dhuftu,

10} *Rabbiin kan wannii isa injifatu hin jirre, kan hikmaa qabu, yookaa kan wahayyuu bakka isi'iin maltu kaayu .

*Kan odoo lolatti deemtanuu , mugaatii isinitti gad dhiise, sodaan isinirraa deemtee, nageenyi Rabbiirraa isinii dhufee, lola keessatti muguun alaamaa yookaa milikkata mirga argatu'uuti,

*Kan Rabbiin isinii dheebotee dhukkeen isinirra gara galtee, deemuu dadhabdani, waan dhuydani xahaarattaniin dhabdan, bishaan yookaa rooba sami'ii isinii roobse,

*Akka isaan xurii ifirraa dhiyxaniif,

*Akka ammallee waswaasa sheyxaanaa isinirraa deemsisuuf, san dura sheyxaanni wa-

وَيَقْطَعُ دَائِرَ الْكَافِرِينَ ﴿٧﴾

لِيُحِقَّ الْحَقَّ

وَيُبْطِلُ الْبَاطِلَ وَلَوْ كَرِهَ الْمُجْرِمُونَ ﴿٨﴾

إِذْ تَسْتَغِيثُونَ رَبَّكُمْ

فَأَسْتَجَابَ لَكُمْ أَنِّي مُمِدُّكُمْ بِآلِفٍ مِّنَ

الْمَلَائِكَةِ مُرْدِفِينَ ﴿٩﴾

وَمَا جَعَلَهُ اللَّهُ إِلَّا بُشْرَىٰ

وَلِتَطْمَئِنَّ بِهِ قُلُوبُكُمْ

وَمَا النَّصْرُ إِلَّا مِّنْ عِنْدِ اللَّهِ

إِنَّا اللَّهُ عَزِيزٌ حَكِيمٌ ﴿١٠﴾

إِذْ يُغَشِّيكُمُ الْتُّعَاسُ أَمَنَةً مِّنْهُ

وَيُرِزُّ عَلَيْكُمْ مِنَ السَّمَاءِ مَاءً

لِيُطَهِّرَكُمْ بِهِ

وَيُدْهَبَ عَنْكُمْ رِجْسَ الشَّيْطَانِ

nni isaanin je'u odoo silaa haqarra jiraattanii kuffaarri bishaan argatee isin hin dheebottan jechu',

*Akka rooba saniin obsa isinii ida'ee qalbii teessan isinii hidhu'uufi, takkaa jabeesu'uufi, **11}*** Ammallee akka rooba saniin faana jabeessu'uufi, rooba saniin dhukkeen gad teessee miilli namaatifii kan hori'illeen irra deemuu dandayee.

*Waan Rabbiin kee gaafa lola badrii ma-laaykaadhan je'e dubbadhu, wanni inni isaanin je'e,

*An isinin wajjin jiraa deema'aa orma islamaa warra dhuga'aan amanee kuffaaran lolu jabeessaa bira dhaabbadha'aa gargaara,

*Onnee yookaa garaa warra kafaretti sodaa darbeetan isin dheysanii,

*Morma isaanii gubbaa dhawa'aa mataa irraa haraa,

12}* Moggaa isaanii hunda isinirraa ciraa, akkana jechuun; harkaa miila kuffaararraa ciraa jechu'.

*Wanni kuffaara qureeyshi'itti akkatti ajjeefamuu murreef,

*Isaantu Rabbiifii rasuula isaa morome'eefi, Rabbi dhugo'oomsuu didanii rasuula isaatin lolu'uu muratanii,

*Namni Rabbiifii rasuula isaa didee ajaja isaa dura dhaabbate waa takka Rabbi miidhuu hin dandayu, ifuma balleessa malee, maalif,

13}* Rabbiin kan qixaan'i isaa jaba'aati, qixaaxa hamaa isin qixaaxa.

*Duuba qixaaxa addunya'arratti isinitti argame san dhandhamaa,

14}* Ammoo aakhira'atti takkaa guyyaa boruu eega du'anii qixaaxa ibiddaa hama'atu warra Rabbitti kafareef qophaayee jira.

وَلِيَرْبِطَ عَلَى قُلُوبِكُمْ

وَيُثَبِّتَ بِهِ الْأَقْدَامَ ﴿١١﴾

إِذْ يُوحِي رَبُّكَ إِلَى الْمَلَأَةِ

أَنِّي مَعَكُمْ فَثَبَّتُوا الَّذِينَ آمَنُوا

سَأَلْتِي فِي قُلُوبِ الَّذِينَ كَفَرُوا الرُّعْبَ

فَأَضْرَبُوا قُوقَ الْأَعْتَابِ

وَأَضْرَبُوا مِنْهُمْ كُلَّ بَنَانٍ ﴿١٢﴾

ذَٰلِكَ

يَأْتِيهِمْ شَاقُوا اللَّهَ وَرَسُولَهُ

وَمَنْ يُشَاقِقِ اللَّهَ وَرَسُولَهُ

فَكَانَ اللَّهُ شَدِيدَ الْعِقَابِ ﴿١٣﴾

ذَٰلِكُمْ فَذُوقُوهُ

وَأَنَّ لِلْكَافِرِينَ عَذَابَ النَّارِ ﴿١٤﴾

*Yaa warra Rabbitti amane

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا

*Duula warra Rabbitti kafaree kan isinitti jigu yookaa isinitti ori'u yoo tuuta lolaa tan kuffaaratiin wal dura dhufan, takkaa wal dura dhaabbatan

إِذَا لَقِيتُمُ الَّذِينَ كَفَرُوا زَحَفًا

15} *Hin dheysinaa, irraa garan galinaa lolaa.

فَلَا تُولُوهُمْ الْأَدْبَارَ ﴿١٥﴾

*Namni isinirraa isaan dheysee lolaaf itti achi deemee, qoma isaan garsiisuu malee, irraa gara galee dudda itti galle,

وَمَنْ يُؤَلِّمُ يَوْمَئِذٍ دُبُرَهُ

*Yoo nama xilaata ganu'uu je'ee karaa kan-

إِلَّا مَتَحَرِّفًا لِقَائِ

arraa dheysee karaa biraatin itti deebi'ee dhawa'uu dheysu taate malee, kan xilaata bakka gaarii lolaa toltu keessa jiru, achii baafatu'uu jecha, nama dheysu if fakkeessee, hoggaa isaan achii bayan itti gara galee dhawu'uu deemu taate malee,

*Takkaa yoo nama warra islaamaa , kan

أَوْ مَتَحَرِّفًا إِلَىٰ فِتْنَةٍ

karaa biraatin lolutti dhaqee jabeessu'uu deemu, takkaa isaanin gargaarsifatu'uu deemu taate malee, lola kuffaararraa garan galinaa, namni lola kuffaararraa dheyse, yoo sababaa waan dubbannee saniif taate malee ,

*Dallansuu Rabbiitin galate, takkaayuu de-ebi'ate

فَقَدْ بَاءَ بِغَضَبٍ مِّنَ اللَّهِ

*Bakkeen inni aakhira'atti qubatu ibidda azaabati,

وَمَا وَنَّهَ جَهَنَّمَ

16} *Yaa hammeenya waan isaan itti dee-

وَبَسَّ الْمَصِيرُ ﴿١٦﴾

bi'uudhaa jiraatanii, sun ibidda azaabatii, nabi Muhammad akki je'e waa sadii dalagaan kheyri'ii isi'iin wajji hin fayyaddu, yookaa hin qeebalamtu', Rabbitti waa qindeessu' ,haadhaa abba'atti balleessu, lola kuffaararraa dheysu'u. lola badrii keessatti ormi islaamaa nama xiqqa'aan, miya xiqqaadhan kuffaara qur-eyshi'ii hedduu miya hedduu qabu cabsan, duuba Rabbiin orma islaamatiin akki je'e.

*Orma kuffaaraa kan fixxan san isin humna teessaniin hin ajjeefne, yookaa hin capsinee, haa tayuu Rabbiitu isaan cabsee, isaan ajje-ese isin gargaaree irra isin aansee,

فَلَمْ تَقْتُلُوهُمْ وَلَكِنَّ اللَّهَ قَتَلَهُمْ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad cirracha

وَمَا رَمَيْتُمْ إِذْ رَمَيْتُمْ وَلَكِنَّ اللَّهَ رَمَىٰ

harka tokkoon hammaartee ashkara kuffaaratti darbitee waan ashkara kuffaaraa taye hunda ija guutte san ati hin darbinee Rabbiitu darbe, maalif darbaan

namni khabala tokkichaa nama kumatti dhiyaatutti darbu waa hunda isaanii ijan guuttuu, sun tanuma Rabbiiti,

*Wanni Rabbiin akkasitti kuffaara cabseef akka kuffaararraa waan gaarii isinii kennu'u-ufi, sun waan kuffaararraa boojiyani, {balaan} jechuun; kenna jechu'

وَلَيْلِ الْمُؤْمِنِينَ مِنْهُ بَلَاءٌ حَسَنًا

17} *Rabbiin kan waan isin jettan dhagayee waan isin dalaydan beekhu.

إِنَّ اللَّهَ سَمِيعٌ عَلِيمٌ ﴿١٧﴾

*Kennaan Rabbiin isin badhaasee akka mirga argattanii kuffaara mootanii boojitan isin godhe sun haqa,

ذَلِكُمْ

18} *Rabbiin kan heela kuffaaraa laaffisee

وَأَنَّ اللَّهَ مُهِينٌ كِيدَ الْكَافِرِينَ ﴿١٨﴾

Cabsu .Kuffaarri makkaa gaafa lola badrii yaa Rabbi nama nuufii Muhammadirraa rahima ifirraa kutee waan nuti hin beynen nutti dhufe ar'a balleysi dhabamsiisi je'ee khadhannaan, Rabbiin akki je'een.

*Yaa kuffaara makkaa yoo kan nama badi' -

إِنْ تَسْتَفْتِحُوا فَقَدْ جَاءَكُمْ الْفَتْحُ

irra jirutti badii muruu barbaaddan taatan, firidiin yookaa murtiin akka lafarraa dhumtan isinitti muramte, abuu jahliifii warri isaan wajjiin jiru ajjeefamu'uun, nabi Muhammad nagaya bayu'un,

*Yaa warra Makkaa yoo kufri'iifii nabi Muhammadiin loluu dhiifan sun isiniif irra caala,

وَإِنْ تَنْهَوْا فَهُوَ خَيْرٌ لَكُمْ

*Ammoo yoo isaan lolu'utti deebitan nutis isa gargaaru'utti deebina,

وَإِنْ تَعُودُوا نَعُدْ

*Golli keessan waa takka isinirraan deebisu,

وَلَنْ نَعْنَىٰ عَنْكُمْ فِثْمَتِكُمْ شَيْئًا

*odoo heddommaatanille'ee ,

وَلَوْ كُفِّرَتْ

19} *Rabbiin warra isatti amaneen wajji jira, gargaarsan.

وَأَنَّ اللَّهَ مَعَ الْمُؤْمِنِينَ ﴿١٩﴾

*Yaa warra Rabbitti amane Rabbiifii rasu-ula isaa dhagayaa, isarraa gara hin galinaa ,dubbii isaa dhagayuu diddani irraa garan galinaa

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا أَطِيعُوا اللَّهَ وَرَسُولَهُ وَلَا

تَوَلَّوْا عَنَّهُ

20} *Odo qur'aanafii gorsa isaa dhage-essanuu.

وَأَنْتُمْ تَسْمَعُونَ ﴿٢٠﴾

21} *Isin akka warra munaafiqaa ,ammallee kuffaaraa kan gurraan dhageenyee gara'aan

وَلَا تَكُونُوا كَالَّذِينَ قَالُوا سَمِعْنَا وَهُمْ لَا

dinne je'u hin tayinaa.

*Irra badaan waan lafarra yaa'uu warra haqa hin dhageenye,

*Ammallee warra haqa hin dubbanne,

22} *Warra hayn'i gadin seenne.

*Rabbiin odoo haqa dhagayuun kheyrii isaanif qabaa beekhee,

*Silaa isaan dhageessisa,

23} *Odoos isaan dhageessisee eeguma dhagayanii itti dalaguu didanii irraa gara galan ,mokkori'iif jecha,odoo wanni dhagayan haqa tayuu beekhanuu.

*Yaa warra Rabbitti amane rabbiifii rasuula isaa dhagayaa,

*Hoggaa waan isin jiraachisutti isin yaame , sun karaa islaamatii kan addunya'aa aakh-iraa nama jiraachisu karaa islaamaa qabadhaa irratti du'aa,

*Rabbiin namaafii qalbii isaa jidduu seenaa

beehaa,namni waan ifii fedhe yookaa hamile dalaguu dandayu hin jiru, yoo Rabbiin fedhe malee, nama meeqaatami kan hamilee dhiirtuu qabu kan Rabbiin du'a itti muree bakka hanqise,

24} *Eega duutanii kaafamtaniiti gara Rabbi deeffamtanii, waan isin dalaydan hundarraa isin gaafatu'uu jiraataa beekhaa .

*Balaa sodaadhaa,

*Balaa yoo buute warra isinirraa dilii dal-

age qofarratti hin gabaabbanne,kan qixaan'i waan isaan dalaganii warra dalage qofarratti hin gababbanne sodaadhaa, balaa nama dalageefii kaanillee ball-eessitu sodaatun, nama balaa dalagu ,balaa inni dalagurraa dhoowwu', nama nama ajjeesu'uu deemu yoo irraa dhoowwite inni waa ajjeesu'uu ka'e sun, qixaaxa ajjeecha'aa jalaa nagaya baye, namni biralleen akkasi,ammoo yoo irraan dhoowwin, balaan ajjeechaa sanii qixaan'i isaa,nama ajjeese geessati,nama isaatifi kan bira jirullee gosa isaatifi, ganda isaatifi,biyya isallee galaafatti, tanaaf jecha waan hamtu'urraa nama dhowwanii, waan gaari'itti nama gorsuun,

يَسْمَعُونَ ﴿٢١﴾

﴿٢١﴾ إِنَّ شَرَّ الدَّوَابِّ عِنْدَ اللَّهِ الضَّمُّ

الْبُكْمُ

الَّذِينَ لَا يَعْقِلُونَ ﴿٢٢﴾

وَلَوْ عَلِمَ اللَّهُ فِيهِمْ خَيْرًا

لَأَسْمَعَهُمْ

﴿٢٣﴾ وَلَوْ أَسْمَعَهُمْ لَتَوَلَّوْا وَهُمْ مُعْرِضُونَ

يَأْتِيهَا الَّذِينَ آمَنُوا اسْتَجِيبُوا لِلَّهِ وَلِلرَّسُولِ

إِذَا دَعَاكُمْ لِمَا يُحْيِيكُمْ

وَأَعْلَمُوا أَنَّ اللَّهَ يَحُولُ بَيْنَ الْمَرْءِ وَقَلْبِهِ

﴿٢٤﴾ وَأَنَّهُ إِلَيْهِ تُحْشَرُونَ

وَأَتَقُوا فِتْنَةَ

﴿٢٥﴾ لَأَنْصِبَنَّ الَّذِينَ ظَلَمُوا مِنْكُمْ خَاصَّةً

yookaa wal gorsuun ummata hundarratti jira,maalif balaan yoo buute akka kheyri'itii mitii, nama hunda wal geesse,ammoo kheyriin namuma argaterratti dhaabbatti, nabi Muhammad nageenyi isaaniratti haa jiraatuu akki je'an; waan gaari'itti wal gorsa'aa waan hamtu'urraa wal dhowwaa, yoo akkana tayuu baattan Rabbiin nama badaa isiniratti moosiseeti balaan buutee wal isin geessii, duuba namni gaarin keessan yoo; {yaa Rabbi balaa tana nurraa deemsisi je'ee khadhate Rabbiin irraan qeebaluu} je'e,

25} *Rabbiin kan qixaan'i isaa warra isatti balleessetti jaba'aatii beekaa.

*Gaafa isin makka keessatti nama xiqqaa ,laafaa namni itti roorrisu tayuu turtan yaa-dadhaa,

*Kan kuffaari makkaa dafee isin fixuu sodaattan,

*Duuba Rabbiin kuffaara jalaa isin baasee madiina'atti isin galchee bakka isinitti godhe

*Gargaarsa isaatin gaafa lola badrii isin jabeessee,

*Kan isinii homaan qabne ,waan kuffaararraa boojitaniin isin duroomse, waan gaarii isinii hiree,

26} *Akka Rabbii keenyatu nuu kennee beytanii, galata isaa galchitaniif jecha.

*Yaa warra Rabbitti amane Rabbii keessan

sodaadhaa, hin ganinaa, Rabbi ganuun waan inni dalagaa je'e dalaguu dhauu ammallee waan inni dhiisaa je'e dhiisuu dhabuu, salaata, zakaata, soomana, hajjii dhaquu dhiisun Rabbi ganu',ammallee waa hatuun , gumnummaan, ijibni, wanni kana fakkaatu hundi Rabbi ganuu je'ama,

*Ammallee rasuula Rabbii hin ganinaa, karaa isaa deemuu dhabu'uun,

*Ammallee amaanaa teessan waan namaa kan isin bira jiru tiysuu ooltanii, yookaa balleessitanii hin ganinaa ,

27} *Isin ,badii, Rabbi ganuun ammallee

rasuula amammallee nama, ganuun qabdu ni beytanii. akka yaada isla-amatti namni waa ganu iimaanni isaa guutu'uu miti ,inni Rabbiifii nama biratillee jibbamaa, wanni namni waa ganuuf takka ilmaani, takkaa hor-

وَأَعْلَمُوا أَنَّ اللَّهَ شَدِيدُ الْعِقَابِ ﴿٢٥﴾

وَأَذْكُرُوا إِذْ أَنْتُمْ قَلِيلٌ مُسْتَضْعَفُونَ فِي

الْأَرْضِ

تَخَافُونَ أَنْ يَخَطَفَكُمْ النَّاسُ

فَتَأْوِسُكُمْ

وَيَأْتِيَكُمْ بِبَصِيرَةٍ

وَرَزَقَكُمْ مِنَ الطَّيِّبَاتِ

لَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ ﴿٢٦﴾

يَأْتِيهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا لَا تَخَوْا اللَّهَ

وَالرَّسُولَ

وَتَخَوْا ءَامَنَتِكُمْ

وَأَنْتُمْ تَعْلَمُونَ ﴿٢٧﴾

iidha ,lachuu waan namni isaanii je'ee Rabbiifii nama ganuu miti, tanaaf jecha Rabbiin akki je'e.

*Horiin keessaniifii ilmaan keessan fitna`aa وَأَعْلَمُوا أَنَّمَا أَمْوَالُكُمْ وَأَوْلَادُكُمْ فِتْنَةٌ

beekhaa, { fitnatun } jechuun ;waan aakhira'arraa isin dhoowwu, waan Rabbiin isiniin mokkoru'uu jecha, akka hori'iifii, ilmaanii jettanii karaa isarraa mayxan laalu'uuf jecha, isinii kennu, yookaa isin dhowwatu, nama yoo rakkoon hori'iitifi ilmaanii itti dhufte obsuufii, kan hin obsine laalu'uu jecha,

28} *Galanni yookaa sawaabni guddaan rab-

وَأَنَّ اللَّهَ عِنْدَهُ أَجْرٌ عَظِيمٌ ﴿٢٨﴾

bi bira jiraa, hori'iifii ilmaanii jettanii waan Rabbi bira jiru hin dhabinaa ,wanni addunya'aa waan dabraatii, wanni aakhira'aa waan hin dabarree beekhaa, namni hori'in argadhaadhaf nama ajjeesu, ka ilmaanii je'ee waa hatu, takkaa horii heddommeyfatu'uu je'ee, yookaa ilmaan ifii ,jaartii ifii quubsu'uu je'ee waa ganu ,waan ka'eef haa dhiisuu ,waan sanirraa gaari'iiti Rabbi biraa argataa, Rabbiin nama waan hamtuu isaa je'ee dhiise, waan waan inni dhiise sanirra gaari'iiti addunya'aa aakhira'atti isaaf kenna.

*Yaa warra Rabbitti amane yoo Rabbi soda-
attan, waan inni itti isin ajaje dalaydaniin wa-
an inni irraa isin dhoowwerraa dhow-
amtanii ,

يَأْتِيهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا إِن تَنقُوا اللَّهَ

*Dirmachuu isinii erga, waan haqaafii baa-
xila addaan baasu isinii godha, isiniifii waan
isin sodaattan adda fageessa, waan soda-
attanirraa nagaya baatan,

يَجْعَلْ لَكُمْ فُرْقَانًا

*Dilii teessan xixiqqoo isiniif araarama,

وَيَكْفُرْ عَنْكُمْ سَيِّئَاتِكُمْ

*Akkasuma dilii teessan gurguddoo isiniif
dhiisa yookaa isin maara,

وَيَغْفِرَ لَكُمْ

29} Rabbiin kan kennaan isaa guddo'ooti

وَاللَّهُ ذُو الْفَضْلِ الْعَظِيمِ ﴿٢٩﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad waan wa-

وَأَذِمْكُمْ بِكَ الَّذِينَ كَفَرُوا

rri Rabbitti kafare si miidhu'uu sitti dalage yaadadhu. gaafa kuffaarri makkaa bakka {mana wal gayaa} kan {daarunnadawaa} je'aniinitti wal gayanii sitti wal mariyatan dubbadhu, wanni isaan itti wal mariyatan,

*Si hidhanii, akka hin sossoone si godhuu,

*Takkaa gosti kuffaara makkaa walii galtee bakka takkaa si dhawanii si ajjeessuu, akka gosti nabi Muhammad gosa tanaatu isa ajje-
esee hin beynetti

لِيُنِتُّوْكَ أَوْ يَقْتُلُوكَ

*Takkaa biyyaa si baasanii ifirraa si fage-
essuu,

أَوْ يُخْرِجُوكَ^٤

*Kuffaarri makkaa akkatti sitti wal ma-
riyatan,

وَيَمْكُرُونَ

*Ammoo Rabbiin kee waan isaan sitti mari-
yatan jalaa si baasu'uuf mala sii dhawa, wa-
an isaan wal mariyatan sii himee, makkaa
bayi je'ee si ajajee,

وَيَمْكُرُ اللَّهُ^٥

30} *Mala Rabbiin isaan jalaa si baasu`uu

وَاللَّهُ خَيْرٌ الْمَكْرِينِ^{٣٠}

sii dhawetu, mala isaan si ajjeessu'uu takkaa si miidhu'uu dhawanirra caala
, tanaaf kan waa takka sin godhin isaan harkaa baatee madiina'atti godaantee
islaama jabeessite.

*Kuffaara makkarratti qur'aanni keenya
hoggaa qara'ame,

وَإِذَا نُنْتَلَىٰ عَلَيْهِمْ آيَاتُنَا

*Wanni isaan je'an dhageenyee, haa tayuu
ittin amannu,

قَالُوا قَدْ سَمِعْنَا

*Odo feenee kan akka qur'aana kanaa je'uu
ni dandeenya,

لَوْ شَاءَ لَقُلْنَا مِثْلَ هَذَا^٦

31} *Inni waan kijibaa kan warri dur ode-
essuu je'an.

إِن هَذَا إِلَّا أَسْطِيرُ الْأَوَّلِينَ^{٣١}

*Ammas gaafa kuffaarri je'e yaadadhu ,
wanni isaan je'an; yaa waaqa wanni Muh-
ammad qara'u kun yoo

وَإِذْ قَالُوا اللَّهُمَّ إِن كَانَتْ هَذَا

*Waanuma ati muhammadirradi buufte
haqa taye,

هُوَ الْحَقُّ مِنَّ عِنْدِكَ

*Dhagaa sami'ii nutti roobsi,

فَأَمْطَرَ عَلَيْنَا حِجَابًا مِّنَ السَّمَاءِ

32} *Takkaa azaaba biraa kan nu laalessu

أَوْ أَتَيْنَا بِعَذَابٍ آٰلِيمٍ^{٣٢}

nutti buusi sababaa nuti waan ati buufte dura dhaabbanneef je'anii khadhatan,
yookaa if abaaran dubbadhu, wanni kuffaarri akkana je'uuf; diddaan isaan
qur'aana qeebaluu didan karaadhaa haqarra jirraa namatti fakkeessu'uufi, duuba
Rabbiin akki je'e

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad waan ati

وَمَا كَانَتْ اللَّهُ لِيُعَذِّبَهُمْ وَأَنْتَ فِيهِمْ^٤

orma kuffaaraa kana keessa jirtuun azaaba isaan barbaadaniin isaan hin qixa-
an'u, maalif Rabbiin yoo ummata tokko balleessuu fedhe nabiyyichaafii warra
itti amane isaan keessaa baaseti eegasii azaaba itti buusaa, maalif azaabni yoo
bu'e tola'aafii badallee wal gayaa, tanaaf jecha ummata keetitti waan ati keessa
jirtuun azaaba hin buusuu je'e,

33} *Ammas waan ummanni kee araarama Rabbirra barbaadaniin Rabbiin azaaba isaanitti hin buusu.

*Akkamitti Rabbiin azaaba habale'etin isaan hin qixaaxne, akka gaafa lola badrii

*waan isaan nabi Muhammad makka see-nu'urraa dhowwaniin,

*Kuffaarri aanaa Rabbiitii miti, warra Rabbiin dubbii yookaa amrii isaa isaan harka kaayuu haqa godhatuu miti, dubbiiin akka isaan nuti Rabbitti aanna ifiin je'anii miti,

*Awliyaan Rabbii warri dubbii Rabbii yookaa amriin isaa harka kaayamuu haqa godhatu, warra Rabbii sodaatu, kan Rabbitti amane, warra Rabbitti kafaree mitii

34} *Haa tayuu irra hedduun isaanii hin beekhan, akka nama isatti amane malee, namni biraa awliyaa Rabbii hin tayin hin beekhan

*Salaanni takkaa du'aa'in kuffaarri makkaa k'baa biratti salaatu yookaa du' aa'in isaanii waan biraatii mitii , siisuu'uufii harka dha-wu'u, duuba salaata Rabbiin itti isaan ajaje dhiisnii salaata isaanii siisuu'uufii, harka dhawuu godhatuun balleessaa keessa fagaatu',

*Duuba Rabbiin akki je'een azaaba addunya'aa aakhira'atti dhandhamaa,

35} *Waan Rabbitti kafartaniif jecha je'een.

*Warri Rabbitti kafare horii isaanii ni baasan yookaa ni kennan,

*Karaa Rabbirraa nama dhoowwu'uu jecha, diinaa Rabbirraa nama ittisu'uu jecha, horii isaanii bakka hundatti baasan

*Duuba akkasumatti itti fufanii horii isaanii baasu'uu taa'anii,

*Haa tayuu eegasii sheenaa isaanitti taya ,maalumaaf horii kenninee karaa islaam-arraa nama dhoowwine je'aniiti sheenayuu'uu taa'an,

*Warri humna hori'iitin islaamarraa karaa

وَمَا كَانَ اللَّهُ مُعَذِّبَهُمْ وَهُمْ يَسْتَغْفِرُونَ ﴿٣٣﴾

وَمَا لَهُمْ أَلَّا يُعَذِّبَهُمُ اللَّهُ

وَهُمْ يَصُدُّونَ عَنِ الْمَسْجِدِ الْحَرَامِ

وَمَا كَانُوا أَوْلِيَاءَهُ ۗ

إِن أَوْلِيَائِهِ ۖ إِلَّا الْمُتَنَفِّوْنَ

وَلَكِنَّ أَكْثَرَهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٣٤﴾

وَمَا كَانَ صَلَاتُهُمْ عِنْدَ الْبَيْتِ إِلَّا

مُكَاءً وَتَصَدِيَةً ۗ

فَذُوقُوا الْعَذَابَ

بِمَا كُنْتُمْ تَكْفُرُونَ ﴿٣٥﴾

إِنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا يُنْفِقُونَ أَمْوَالَهُمْ

لِيَصُدُّوا عَنِ سَبِيلِ اللَّهِ ۗ

فَسَيُنْفِقُونَهَا

ثُمَّ تَكُونُ عَلَيْهِمْ حَسْرَةً

ثُمَّ يُغْلَبُونَ ۗ

haqarraa nama dhoowwu sun,ni mooyaman
ni caphan addunyaa tanarratti, warri haqaa
mooyee, karaan islaamaa mul'atee,
36}*Warri Rabbitti morke guyyaa boruu
gara ibidda jahannam oofaman.

وَالَّذِينَ كَفَرُوا إِلَىٰ جَهَنَّمَ يُحْشَرُونَ ﴿٣٦﴾

*Kaafira mu'minaan adda fooyu'uu jecha,
*Warra kafare garii isaanii gari'irra kaayee,
*Hunda isaanii akka qoraanitti walitti qabee
tuulee,
*Ibiddatti isaan darba,

لِيَمِيزَ اللَّهُ الْخَبِيثَ مِنَ الطَّيِّبِ

وَيَجْعَلَ الْخَبِيثَ بَعْضُهُ عَلَىٰ بَعْضٍ

فَيَرْكُمُهُمْ جَمِيعًا

فَيَجْعَلُهُمْ فِي جَهَنَّمَ

37}*Warri hori'iifii waan biraatin karaa

أُولَٰئِكَ هُمُ الْخٰسِرُونَ ﴿٣٧﴾

haqaa diin Rabbii dura dhaabbatee, eega sanii mooyamanii , ajjeefamanii, ibi-
dda azaabatti darbaman sun, isaanuma warri addunyaa'aa aakhiraa khasaarame.

*Warra Rabbitti morkee karaa Rabbirraa
nama dhoowwen, akka jettu yookaa isaanin
je'i

قُلْ لِلَّذِينَ كَفَرُوا

*Jarri sun; yoo dalagaa tanarraa dhaabbatan,
Rabbitti amananii, karaa haqarraa nama
dhoowwu dhiisan

إِنْ يَنْتَهُوْا

*Diliin yookaa cubbuun san dura dalagan
hundi isaanif dhiifamti,

يُعَفِّرْ لَهُمْ مَا قَدْ سَلَفَ

*Ammoo yoo kufri'iifii orma islaamatiin
lolu'utti deebi'an,

وَإِنْ يَعُودُوا

38}*Wanni nuti warra dur kan akka isaanii

فَقَدْ مَضَتْ سُنَّتُ الْأَوَّلِينَ ﴿٣٨﴾

goone beekkameeti dabree jira, duuba akkuma jara san goone isaanis goonee,
isaan dhabamsiifna, akkuma warra dur dabre lafarraa fin'e, isinis lafarraa fin'a
yoo feene.

*Warra makkaa kan Rabbii waa hunda

وَفَنِيلُوهُمْ حَتَّىٰ لَا تَكُونَ فِتْنَةً

uume morkoree karaa haqaa, karaa Rabbirraa nama dhoowwun lolaa, caphsaa
, hanga fitnaan hin argamne takkitti, hanga Rabbitti waa qindeessun, waan
Rabbi hin tayin kan akka namaatin, takkaa mukaatin Rabbi je'uun hin arga-
mnetti, orma kuffaaraa ajjeessaa, isaanin lolaa, {fitnaa} jechuun; kufrii jechu',

*Hanga diinan hundi diinaa Rabbii tayutti,
hanga namni hundi Rabbii tokkicha waa hu-
nda uume ibaaddu malee, waan biraa hin

وَيَكُونُ الَّذِينَ كُفَرُوا لِلَّهِ

ibaanne takkatti, kuffaaran lolaa

*yoo ormi kuffaaraa kufri'irraa dhowwamanii islaamayan,

39}*Rabbiin waan isaan dalagan ni argaa galata isaanii galchee, jannata isaan seensisa.

*Yoommoo amanu'urraa gara galan, karaa Rabbirraa nama dhoowwuu itti fufan ,isaanin lolaa hin sodaatinaa mirgi keessanii,

*Rabbiin tiysaa keessanii beekhaa, kan bakka hundatti isinii dirmatu, kan dubbiin teessan ar'aa boru harka isaa jirtu

40}*Tiysaan keessan, dirmataan keessan Rabbiin keessan, waa gaarii jaba'aa kan namni inni tiyse hin godda'amne,kan namni inni gargaare hin ari'amne yookaa hin injif-
atamne, hin ergaramne

*Yaa warra islaamaa ,wanni isin orma kuffaararraa,dirqi'iin fudhattan ,yookaa boojitan ,xiqqaatuu ,guddatuu ,akkaatan inni itti qoodamu ,yookaa qoodattan,akka as deemu kanaa beekaa,

*Wanni boojiyame sun ,bakka shanitti qoodameeti, harki tokko Rabbiif taya, kan akka Rabbiin je'etti itti dalagamu

*Ammas harki tokko sanirraa rasuula rabbiitif kennama,kan isaan ittiin jiraatan,hanga jiruu isaanii, ammoo eega isaan du'anii, qonni isaanii, waan dantaan islaamaa keessa jirtuuf kennama,

*Ammas harki shaneessa'aa sun, aanaa rasuula Rabbiitif kennama ,

*Ammas hiyyeeyii waan qabneefi,

*Ammas warra islaamaa kan waan qabneefi

*Ammas warra imaltuu jiru kan sinqiin

isaanii harka dhumtee,horii isaanirraa citaniif kennama, makgnaan waan dubannee,yoo kuffaaratti duultanii waa isaanirraa boojitan waan boojiyame san

فَإِنِ أَنْتَهُوْا

فَإِنَّ اللَّهَ بِمَا يَعْمَلُونَ بَصِيرٌ ﴿٣٩﴾

وَإِن تَوَلَّوْا

فَاعَلِمُوا أَنَّ اللَّهَ مَوْلَاكُمْ

نِعَمَ الْمَوْلَىٰ وَنِعَمَ النَّصِيرِ ﴿٤٠﴾

❁ وَأَعَلِمُوا أَنَّمَا أُعْزِمْتُمْ مِنْ شَيْءٍ

فَإِنَّ لِلَّهِ حُمْسَهُ

وَالرَّسُولِ

وَلِذِي الْقُرْبَىٰ

وَالْيَتَامَىٰ

وَالْمَسْكِينِ

وَأَبْنِ السَّبِيلِ

,haa tiqqaatuu haa guddatuu, bakka shanitti qoodaniiti, akka kuma shan booji-yu'utii, kuma shanan sanirraa kumni tokko nama shanirraa qoodama, Rabbiifii rasuulafii, aanaa isaanitiifii, yatiima ammallee warra degefii, warra imaltu'urra jiruuf qoodama, ammoo kumni afran hafe ashkararra qoodama akkanatti qoodaa,

*Yoo kan Rabbitti amantan taatan, waan isinii dubbanne kana beekha'aa, itti dalagaa ,dubbii ergamaa Rabbii dhagaya'aa, yoo kan dhuga'aan isa dhugo'oomsitan taatan

إِنْ كُنتُمْ بِاللهِ

*Ammallee yoo waan gabricha keenya

وَمَا أَنْزَلْنَا عَلَى عَبْدِنَا يَوْمَ الْفُرْقَانِ

Muhammadirratti guyyaa {furqaanaa} buufnetti kan amantan taatan, guyyaan furqaan guyyaa lola badriiti, {furqaan} jechuun; kan haqaafii baaxila addaan baasu jechu'u, kuffaarri caphee ,islaamni jabaatee mul'atee,

*Guyyaa tuutti lamaan islaamatiifii , tan

يَوْمَ النَّقْيِ الْجَمْعَانِ

kuffaaraa wal dura dhufte, wal dhawu'uu jecha, wanni Rabbiin guyyaa san bu-use ,aayata qur'aanatiifii, malaaykaa orma islaamatiin wajji ,kuffaara qure-yshi'iitin lolte,

41} *Rabbiin kan waa hunda dandayu tan-aafuu malaaykaa ergee isin gargaaree, kuffaara isinirra heddu'uu, akka injifattan isin godhe.

وَاللهُ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿٤١﴾

*Gaafni lola badrii, gaafa isin laga bad rirra gama madiina'atti as dhiyaatun takkaayuu as aanun jirtan, kan ormi kuffaaraa laga san gama achi aanun takkaayuu fagaatun jiru,

إِذْ أَنْتُمْ بِالْعُدْوَةِ الدُّنْيَا وَهُمْ بِالْعُدْوَةِ الْقُصْوَى

*Kan shammanni, yookaa naggaaden query-

وَالرَّكْبُ اسْفَلَ مِنْكُمْ

shi'ii tan shaamii dhufu, tan isiidhaa jettanii, madiina'aa baatan, laga san gama isinii gadiitin yookaa jalaatin gama baharitti aanun jirtuu, yaadadhaa,

*Odo isiniifii kuffaarri qureyshi'ii bakka akkanatti wal lollaa bayaa, waliin jettanii baallama walii sentanii walii qaaxartanii,

وَلَوْ تَوَاعَدْتُمْ

*Silaa baallama walii hin guuttan, baallama

لَا خْتَلَفْتُمْ فِي الْمِيعَادِ

san guutuu keessatti wal dhabdan, takkaa isintu lola sanirraa oolaa heddomina kuffaaraa laaltanii, yookaa kuffaaratu irraa oola, waan nabi Muhammadiifii orma islaamaa sodaatun, qalbii isaanii keessa jirtuuf,

*Haa tayuu Rabbiin orma islaamaa xiqqaa

وَلَكِنْ

saniifii, orma kuffaaraa hedduu san, qaaxaroo malee walitti fide, ormi islaamaa shammada qureyshi'ii qabatu'uuf baye malee, lolaan baane, haa tayuu shammanni harkaa baye kuffaarri makkaatis shammada keenyarraayi orma islaamaa dubbifna'aaf makkaa bayan, haa tayuu odoo isaan hin dhufin shammanni isaanii orma islaamaa harkaa baye, duuba orma kuffaaraa, kan bakka {badri} je'aniin dhayn'eeti achitti gamachuu mul'ifnee, akka arabaafii ormi islaamaa nu sodaatu goona je'ee, achi dhaqeeffii, orma islaamaa kan yoo shammada qureyshi'ii dhabne, kuffaara qureyshi'ii cabsuun oollu je'ee yaa'u, Rabbiin qaaxaroo malee wal qunamsiisee, wal lolan,

*Wanni Rabbiin kana dalageef, waan haa dalagamtuu je'ee mure argamsiisu'uufi, sun islaama jabeessee kufrii balleessu'uu,

*Wanni Rabbiin kana dalageef, akka namni kafare eeguma ragaa haqaa argee, kafaru'uufi, eeguma Rabbiin nama isatti amana ni gargaaraa argee, akka guyyaa boruu qixaaxa jabaa qixaaxamu,

*Ammallee akka warri amanu eega raga haqa argee, eeguma Rabbiin mu'mina gargaaraa argee, hubatee, amanu'uufi, Rabbiin islaamaf lola badrii keessatti dirmateeti kuffaara cabse

42} *Rabbiin kan waan isin jettaniifii, waan isin dalaydan beekhu, kan dhagayu.

*Yaa ergamaa kiyya muhammad ammas

waan lola badrii keessatti argame dubbadhu, gaafa Rabbiin manaamatti, yookaa abjuudhatti, ormi kuffaaraa nama xiqqaa tayuu si agarsiisee, ashaabota keetitti akka duulli qureyshi'ii nama xiqqaa taye odeessitee, gammadanii jaynooman, dubbadhu,

*Silaa odoo Rabbiin kuffaarri nama hedduu tayuu si garsiisee, ashaabota keetitti odeessitee

*Silaa sodaataniiti luynooman,

*Ammallee dubbii lolaa keessatti wal dhabdan, ni lollamoo hin loluu keessatti, duuba sun waan caphiinsa isinitti fidu

*Haa tayuu Rabbiin san hunda jalaa najaa isin baasee, jaynumma'aan, wal tayiinsan, garaa tokkoon, lolu'uu murattan,

لِيَقْضِيَ اللَّهُ أَمْرًا كَانَ مَفْعُولًا

لِيَهْلِكَ مَنْ هَلَكَ عَنْ بَيْنَتِهِ

وَيَحْيَى مَنْ حَيَّ عَنْ بَيْنَتِهِ

وَإِنَّ اللَّهَ لَسَمِيعٌ عَلِيمٌ ﴿٤٢﴾

إِذْ يُرِيكُهُمُ اللَّهُ فِي مَنَامِكَ قَلِيلًا

وَلَوْ أَرَادْتَهُمْ كَثِيرًا

لَفَشَلْتَهُمْ

وَلَنُنَزِّلُ عَثْمًا فِي الْأَمْرِ

وَلَكِنَّ اللَّهَ سَلِيمٌ

43} *Rabbiin waan qoma, yookaa qalbii namatti dhufaa taa'u, kan isii jaynoomsufii, kan isii luynoomsu, obsuu isi'iitifii, obsa dhabuu isi'iti beekha, tanaaf waan isinii tolu isin agarsiisa.

إِنَّهُ عَلِيمٌ بِذَاتِ الصُّدُورِ ﴿٤٣﴾

*Ammas wanni yaadattan, gaafa lola badrii

وَأَذْرِبْكُمْوَهُمْ إِذْ أَلْتَقَيْتُمْ فِي آعْيُنِكُمْ قَلِيلًا

kan Rabbiin hoggaa dura dursoo orma kuffaaraa agartan isaan nama xiqqaa tayuu isin agarsiise, hanga nama torbaatamaa yookaa dhibbaa tayuu agartan odoo isaan kumatti dhiyaatanuu, akka sodaan kuffaaraa qalbii teessan hin seennef jecha, akkuma nabiinuu isinitti odeesse,

*Kan orma kuffaaratis akka isin nama

وَيَقْلَلْكُمْ فِي آعْيُنِهِمْ

xiqqaa taatan agarsiisu, akka isin sodatanii isiniin lolu'urraa hin deebine godhu'uuf jecha, Rabbiin orma islaamaa kuffaarri nama xiqqaa tayuu agarsiisee, orma kuffaaratis ashkarri islaamaa xiqqaa tayuu agarsiisun, hoggaa dura wal dura dhufan, ammoo eega duulli lamaan walitti jigees, wanni Rabbiin orma kuffaaratti fakkeesse, akka ormi islaamaa heddommina keessa harka lama isaanitti deebi'u, wanni akkana godheef, sodaa qalbii kuffaaraa guutu'uuf jecha,

*Wanni Rabbiin kana dalageef waan haa dalagamuu je'ee dabarse argamsiisu`uuf, sun kufrii cabsee, islaama jabeessu'uu,

لِيَقْضِيَ اللَّهُ أَمْرًا كَانَ مَفْعُولًا

44} *Dubbiin wahayyuutuu, gara Rabbiiti deebitii isaatu waan fedhe itti mure.

وَإِلَى اللَّهِ تُرْجَعُ الْأُمُورُ ﴿٤٤﴾

*Yaa warra Rabbitti amane, yoo warra kafaareen wal loltan,

يَأْتِيهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا إِذَا الْقِيَمَةُ

*Hin dheysina'aa lolaa,

فَأْتَبُوءُ

*Rabbii keessan yammadhaa, dirmachuu isarra barbaadaa zakkaraa,

وَأَذْكُرُوا اللَّهَ كَثِيرًا

45} Akka milkooytanii mirgaan galattan.

لَعَلَّكُمْ تَفْلِحُونَ ﴿٤٥﴾

*Rabbiifii rasuula isaa dhagayaa,

وَأَطِيعُوا اللَّهَ وَرَسُولَهُ

*Wal in dhabinaa,

وَلَا تَتَزَعَوْا

*Yoo wal dhabdan, gariin keessan ni lolaa je'ee, gariin hin lolu je'ee, takkaa akkaataa lolaa keessatti yoo wal dhabdan ni laafattan, ni luynoomtanii,

فَنَفْسَلُوا

*Humniti, yookaa irreen tokkumma'aa isin-

وَتَذْهَبَ رِيحَكُمْ

irraa deemtii ni capxan, {riihgukum} jechu-
un ; irreen, yookaa mootummaan, takkaa
jebeenyi keessan jechu',

46} *Lolarratti obsaa, Rabbiin warra obsa
qabuuf dirmataa, isaanin wajji dhaabbataa,
isaanin wajji jiraa , karaa hundaa.

وَأَصْبِرْ وَإِنَّ اللَّهَ مَعَ الصَّابِرِينَ ﴿٤٦﴾

*Isin yaa warra amane akka kuffaara query-

وَلَا تَكُونُوا كَالَّذِينَ خَرَجُوا مِنْ دِيَارِهِمْ

shi'ii hin tayinaa, kan shammada isaanii orma islaamaa harkaa baafatu`uu je'-
anii makkaa bayanii ,duuba eega shammanni yookaa naggaaden isaanii nagaya
isaanii baatee, biyya isaanii makkatti hin deebinee ,badritti qajeelan, achitti
gaala qaqqalanii, farshoo dhuganii, hawwisoo tabsiisani, gammachu'uufii hu-
mna isaanii mul'isu'uu jecha,

*Qooqanii haqa didda'aaf wasanaa bayan,

بَطْرًا

*Ammallee haa namni nu argu`uuf jecha

وَرِثَاءَ النَّاسِ

akka arabni bakka hundaa isaan dhagayee isaan kabajee, ormi islaamatis isaan
argee, dhagayee, isaan sodaatu'uuf jecha, akka je'anitti guyya'arraa gaala ku-
dhan qalan nama nyaachisu'uu jecha, kufrii mul'isuu jecha ,

*Ormi kuffaaraa ,karaa yookaa diinaa Ra-
bbirraa nama dhoowwan warra islaamatti
duulu'uun, nama kaan islaamayuu dhow-
wu'uun,

وَيَصُدُّوكَ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ

47} *Rabbiin waan isaan dalagan hunda ni
beekhaa dalagaa isaanirratti isaan qixaaxa.

وَاللَّهُ بِمَا يَعْمَلُونَ مُحِيطٌ ﴿٤٧﴾

*Gaafa sheyxaanni kuffaaraf dalagaa isaanii
bareechee, itti mirqaanse, yaadadhaa, dala-
gaan inni itti isaan jaynoomse, orma islaa-
matti duulu'

وَإِذْ زَيْنَ لَهُمُ الشَّيْطَانُ أَعْمَالَهُمْ

*Sheyxaanni sun suuraa namicha arabaa

وَقَالَ

beekkamaa tokkootin, baandiraa yookaa alaabaa dhaabbatee, ashkara sheyx-
aanaa heddu'uun wajji, orma kuffaaraa kan orma islaamatti duuluu sodaaten
akki je'e,

*Guyyaa ar'aa kana, namni isin injifatu hin
jiru ,ashkarri isin itti duultan, xilaanni kee-
ssan, isin hin mooyatu

لَا غَالِبَ لَكُمْ الْيَوْمَ مِنَ النَّاسِ

*An warra gosa arabarraa isinitti duulu isini-
rraan dhoowaa ,hin sodaatina'aa orma islaa-
matti duulaa je'een,

وَإِنِّي جَارٌ لَكُمْ

*Duuba sheyxaanni , hoggaa ashkarri islaamatiifii, ashkarri kuffaraa wal argu, kan wal dhayu'uu qophaayan ,kan malaaykan orma islaamatiif dirmatu'uu jecha sami'ii dhangalaatu argu,

فَلَمَّا تَرَأَتْهُ الْفُتَاتَانِ

*Ka'eeti sheyxaanni ashkara isaatin wajji dheefa irra gad taa'ee

نَكَصَ عَلَىٰ عَقَبَيْهِ

*Wanni orma kuffaaratiin je'e an ballaman isiniif seenerraa qulqullu'u,waan isiniifan dirmadhaa,naman isinirraa dhoowwa je'ee, baallama isinii seenerraa deebi'e, maalif,

وَقَالَ إِنِّي بريءٌ مِّنْكُمْ

*An waan isin hin agarren argaa, malaay-kaa isin hin agarre tan orma islaamatii dirmatu'uu buutun argaa, tanaafan ballama sanirraa deebi'e

إِنِّي أَرَىٰ مَا لَا تَرَوْنَ

*An Rabbiin, asitti, na ajjeesu'un sodadha,

إِنِّي أَخَافُ اللَّهَ

48} *Rabbiin kan iqaaba yookaa qixaaxa jabaatuu.

وَاللَّهُ شَدِيدُ الْعِقَابِ ﴿٤٨﴾

*Gaafa munaafiqootafii,

إِذْ يَقُولُ الْمُنَافِقُونَ

*Warri dhukkubni qalbii isaa nii keessa jiru kan abdiin, isaan Rabbirraa qaban, laaftu'uu je'u yaadadhu, wanni munaafiqootafii, warri yaanni isaanii hama'aa je'e, wanni isaan je'an,

وَالَّذِينَ فِي قُلُوبِهِم مَّرَضٌ

*Jara mu'mintootaa kana, diinaa isaanitiitu

عَرَّهْتُمْ لَأَن دِينَهُمْ

gowwoomsee,tanaaf jecha ashkara xiqqaadhan, duula kuffaaraa heddu'utti duulu'uu bayan je'aniiti, warra dhuga'aan amane, kan Rabbii je'ee qabsoo godhu hamatan, duuba Rabbiin isaanirratti deebisee akki je'e

*Nama Rabbitti irkate Rabbiin akka xilaata isaa injifatu godha odoo xilaanni isaa heddommaatelle'ee,

وَمَنْ يَتَوَكَّلْ عَلَى اللَّهِ

49} *Rabbiin kan injifatuu malee, hin injifatamne kan dalagaan isaa akka malee hin taane.

فَإِنَّ اللَّهَ عَزِيزٌ حَكِيمٌ ﴿٤٩﴾

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, odoo gafa malaaykan orma kuffaaraa fixxu agartee,

وَلَوْ تَرَىٰ إِذْ يَتَوَفَّى الَّذِينَ كَفَرُوا الْمَلَائِكَةُ

*Kan jirma sibiilatiin fuula isaanii keessa dhawan ,hogga isaan fuula itti garagalan ,

يَضْرِبُونَ وُجُوهَهُمْ

*Kan duuban duubbee isaanii dhawan, hogga isaan achi dheeyisan,

وَأَدْبَرَهُمْ

50} *Kan malaaykan orma kuffaaraa saniin ibidda isin gubu dhandhamaa jettu, odoo silaa gartee balaa isaanitti buutu silaa numa agarta.

وَذُوقُوا عَذَابَ الْحَرِيقِ ﴿٥٠﴾

*Wanni azaaba jaba'aan isin qixaan'ef,

ذَلِكَ

*Sababaa waan harki keessan dabarseefi,

بِمَا قَدَّمْتُمْ أَيْدِيكُمْ

51} *Rabbiin kan gabroottan isaa waan isaan hin dalaginiif qixaaxee, miidhuu miti, wanni isaan qixaaxuf waanuma isaan balle-essaniifi

وَأَنَّ اللَّهَ لَيْسَ يَظْلَمَ لِلْعَبِيدِ ﴿٥١﴾

*Aadan kuffaara kanaa, haalli isaanii akka aadaa yookaa haala ummata firkgawnatiifii,

كَذَّابٍ ءَالَ فِرْعَوْنَ ﴿٥٢﴾

*Ummata isaan dura dabreeti, kan akka ummata nuuhgifii, luux,

وَالَّذِينَ مِنْ قَبْلِهِمْ

*Ummanni sun aayaata Rabbi mukgjizaa isatti, ergamoota isatti, kafaranii kijibsiisan ,

كَفَرُوا بِآيَاتِ اللَّهِ

*Duuba Rabbiin sababaa isaan cubbuu dalaganiif isaan qabee isaan qixaaxe,

فَأَخَذَهُمُ اللَّهُ بِذُنُوبِهِمْ ﴿٥٣﴾

*Rabbiin kan waan fedherratti jaba'aati,

إِنَّ اللَّهَ قَوِيٌّ

52} *Kan qixaan'i isaa jaba'aati.

شَدِيدُ الْعِقَابِ ﴿٥٢﴾

*Akkasitti warra Rabbitti kafare qixaaxun,

ذَلِكَ

*Sababaa Rabbiin {nikgmaa} yooka qananii ummata tokkoo kenne, kan isaanirraa jirjiiru hin tayiniif jecha bakka qananii sanii balaa isaanitti buusee

بِأَنَّ اللَّهَ لَمْ يَكُ مُغَيِّرًا نِعْمَةً أَنْعَمَهَا عَلَى قَوْمٍ

*Hanga isaanumti waan Rabbiin isaanii kenne jirjiiranitti, gaafa isaan qananii Rabbi bakka galata isaa galchan ,moroma'atti jirjiiran, Rabbiinis waan isaanii kenne irraa jirjiira

حَتَّىٰ يَغْيُرُوا مَا بَأَنفُسِهِمْ ﴿٥٤﴾

53} *Rabbiin kan waan je'amu hunda dhagayu, kan waan dalagan hunda beekhu.

وَأَنَّ اللَّهَ سَمِيعٌ عَلِيمٌ ﴿٥٣﴾

*Haalli kuffaarra ammaa, akka haala ummata firkgawnatiifii warra kafare,kan isaan dura dabreeti,

*Warri sun aayata Rabbii isaanitti kafaraaniiti dilaayan,

*Duuba sababaa dilii isaanitiif isaan ball-eessine,

*Ummata firkgawnatiifii,isa,bahara liccisiif-nee nyaachifne,

54} *Jarri Rabbitti kafaree, aayata Rabbii kijibsiise sun, hundi warra Rabbitti kafaru'uun azaaba if geessee if miidhe.

*Irra hamaan waan lafarra yaa'uu Rabbi biratti ,

*Warra Rabbitti kafare, kan beeka'aa kufrii maraxate,

55} *Isaan hin amanan waan kufri'irratti goggoganiif.

*Jarri kufri'irratti dide kan hori`irra hama`aa

kan amanuun isaanii hin kajeelanne, kan beeka'aa jallatan sun, orma yahuda'aa kan madiinaa taa'u,kan banii qureyzaa je'aniin,kan orma qureyshi'ii,kan madiina'atti nutti duulu'uu deemu, hin gargaarinaa jettee baallamarraa fuute,

*Kan eega baallama si seenanii, hogguma sii seenan mara, baallama diigani xilaata keetii tumsan ,

56} *Isaan Rabbi sodaatanii baallama diiguu hin dhiisan

*Yoo orma baallama kee diigee, si gane san, lola keessatti agartee harka sii seenan, akka hama'atti isaan qixaaxii fixi,

*Sababaa akka hamaa isaan godhu'uutin, orma kuffaaraa kan isaan booda jiru akka baallama sittin diiye, takkaa sin ganne godhii isaan sodaachisi,

57} *Akka ormi kuffaaraa kan isaan booda jiru, orma baallama sitti diige, kan fixseen gorfamanii, baallama sittin diiye, akka isaan godhe nu godha je'anii.

كَذَّابٍ ءَالَ فِرْعَوْنَ ۗ وَالَّذِينَ مِنْ قَبْلِهِمْ

كَذَّبُوا بِآيَاتِ رَبِّهِمْ

فَأَهْلَكْنَاهُمْ يَوْمَهُمْ

وَأَغْرَقْنَا ءَالَ فِرْعَوْنَ

وَكُلٌّ كَانُوا ظَالِمِينَ ﴿٥٤﴾

إِنَّ شَرَّ الدَّوَابِّ عِنْدَ اللَّهِ

الَّذِينَ كَفَرُوا

فَهُمْ لَا يُؤْمِنُونَ ﴿٥٥﴾

الَّذِينَ عَاهَدْتَ مِنْهُمْ

ثُمَّ يَنْقُضُونَ عَهْدَهُمْ فِي كُلِّ مَرَّةٍ

وَهُمْ لَا يَتَّقُونَ ﴿٥٦﴾

فَأَمَّا تَشَقُّقُهُمْ فِي الْحَرْبِ

فَشَرَّدَ بِهِمْ مَنْ خَلَفَهُمْ

لَعَلَّهُمْ يَذَّكَّرُونَ ﴿٥٧﴾

*Yoo warri baallama walii seentan na ganaa sodaatte, alaamaa si ganu'uu deemu'uu isaaniratti agartee,

وَأِمَّا نَحْنُ مِنْ قَوْمٍ حَيَّانَةٍ

*Baallama isaanii, isaanii darbii beeyisii

فَأَنذِرْ إِلَيْهِمْ عَلَىٰ سَوَاءٍ

akka siifii isaan baallamni diigamuu quba qabaatuu, takkaayuu beekhuu keesatti wal qixaattan, makgnaan kanaa; yoo baallama sitti diiguu beeyte, alaaman siif mul'attee, atis akka diyde quba qabaachisi akka namuu baallamni isin jidduu hin jiruu beekutti, maalif yoo akkatti hin beysisin, baallama nutti diige je'aniiti si hamatanii, kanuma ifii diigan,

58} *Rabbiin warra baallama diigu hin jaalatu ni qixaaxa.

إِنَّ اللَّهَ لَا يُحِبُّ الْمَخْلَبِينَ ﴿٥٨﴾

*Yaa ergamaa kiyya muhammad warri Rabbitti kafare Rabbi jalaa baanaa hin seyin

وَلَا يُحْسِبَنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا سَبَقُوا

59} *Isaan Rabbi dadhabsiisanii jalaa hin bayanii, harka Rabbiitti jiranii, akka fedhe isaan godha .

إِنَّهُمْ لَا يُعْجِرُونَ ﴿٥٩﴾

*Kuffaara,yookaa xilaata keessaniin lolu`uu

وَأَعِدُّوا لَهُمْ مَا اسْتَطَعْتُمْ مِنْ قُوَّةٍ

Jecha, humna qopheeffadhaa humniti waa darbatuu, biiflummaa akkaan baru' ,waraana darbatuu, qawwee dhawuu, madaafa shugguxii, furgaasa, {saaru-ukha} bombii, billawa darbuu, baru',

*Ammallee waan yaabbattanii loltaniin

وَمِنْ رِبَاطِ الْخَيْلِ

qopheeffadhaa, kan akka fardaa, akkasuma waan yaabbi'ii, yookaa geejjibaa kan zamanaa, kan akka xayyaaraa,baaburaa, markabaa telefoonaa takkaa silki'ii, waanuma lolarratti nama gargaaru hunda qopheeffachuun dirqama ,

*Miya lolaa saniin xilaata Rabbiitifii, xilaata keessan sodaachiftanii. isaan gaafa san kuffaara makkaatii,

تُرْهِبُونَ بِهِ عَدُوَّ اللَّهِ وَعَدُوَّكُمْ

*Ammallee humana teessaniin,warra kuffaara makaa hin tayin kan isin hin beeyne kan Rabbiin beekhu, kan akka munaafiqaa ,yahuudi'ii,sodaachiftanii ,hidhadhaa lolaa qophaayaa,

وَالْآخَرِينَ مِنْ دُونِهِمْ لِانْعَلَمُوهُمْ اللَّهُ يَعْلَمُهُمْ

*Wanni horii keessanirraa karaa Rabbitti baaftan, miya lolaatin bitu'uu, warra lolu gargaaru'uu kennitan,

وَمَا تَنْفِقُوا مِنْ شَيْءٍ فِي سَبِيلِ اللَّهِ

*Sawaabni yookaa galanni isaa isiniif kennama ,

يُؤْفَاقُكُمْ

60} *Waa takka sawaabni isaa isinirraa ir'atee, hin miidhamtan .

وَأَنْتُمْ لَا تظَلَمُونَ ﴿٦٠﴾

*Ormi kuffaaraa sun, yoo gara sulhgiidhaa jallate, yookaa goree sulhgii barbaade,

﴿٦٠﴾ وَإِنْ جَنَحُوا لِلسَّلَامِ

*Atis sulhgiidhatti gorii akka walin lolle baallama seenif, wal taha eehamiif,

فَأَجْنَحْهَا

*Rabbitti irkadhu, isa abdadhu,

وَتَوَكَّلْ عَلَى اللَّهِ

61} *Rabbiin isa waan je'amu dhagayu, kan waan dalagamu hunda beekhu .

إِنَّهُ هُوَ السَّمِيعُ الْعَلِيمُ ﴿٦١﴾

*Yoo kan sulhgii sirra barbaadu'uun kan si ganu'uu deeman, yookaa fedhan, tayan ,hin sodaatin, balaan isaanii sin geesuu,

وَإِنْ يُرِيدُوا أَنْ يَخْدَعُوكَ

*Rabbiitu siif gayaa, isaatu si tiysaa,

فَأِنَّكَ حَسْبُكَ اللَّهُ

62} *Rabbiin isa gaafa lola badrii, dirma-chuu isaatin, malaaykaa ergee si jabeesse, ammallee kan ashkara mu'minaatin si jabeesse.

﴿٦٢﴾ هُوَ الَّذِي أَيْدِيكَ بَصَّرَهُ وَبِالْمُؤْمِنِينَ

*Ashkara mu'minaa, kan Rabbiin qalbii isaanii wal jaalachiisee, harka tokko godhee walitti qabee, dubbii tee dhagayanii, jaalala teetif du'an

وَأَلْفَ بَيْتٍ قُلُوبِهِمْ

*Warra sitti amane kan Rabbiin dandeytii isaatin, wal didaa isaan jidduu jirtu isaan jiddu'uu deemsisee, harka tokko godhee obb-

لَوْ أَنْفَقْتَ مَا فِي الْأَرْضِ جَمِيعًا مَا أَلْفَتَ بَيْتٍ

قُلُوبِهِمْ

olummaa diin isaan jidu'utti uume, kan odoo horii waan addunya'arraa jiru, hunda kennitee wal taassisuu feete wal taasisuu hin dandeenye,

*Haa tayuu Rabbiin dandeytii isaatin, horii'ii male'etti wal jaalachiisee, harka tokko godhee, qalbii takkitti'ii karaa haqaatii je'anii ,akka kuffaaran lolan godhe,

وَلَكِنَّ اللَّهَ أَلْفَ بَيْنِهِمْ

63} *Rabbiin kan waa hunda dandayu kan hikmaa qabu kan waa takkalleen hikmaa isarraa hin baane.

﴿٦٣﴾ إِنَّهُ عَزِيزٌ حَكِيمٌ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad, Rabbiin wahayyuufuu siif gayaa, waan isa qabduun nama biratti hin haajamtu,

يَا أَيُّهَا النَّبِيُّ حَسْبُكَ اللَّهُ

64} *Warra sitti amaneefis Rabbiitu gayaa

وَمِنَ اتَّبَعَكُم مِّنَ الْمُؤْمِنِينَ ﴿٦٤﴾

waan isa qabaniin nama biratti hin haajaman, tanaaf jecha waa takkallee hin sodaatinaa, takkaa makgnaan isaa yaa ergamaa kiyya muhammad Rabbiifii warri sitti amane siif gayaa homaan sodaatin jechu' .

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, orma mu'minaa lola barsiisi ,lola kuffaaratti akkaan kaasi, jaynoomsii, akka mu'minni kuffaararra humna qabu isaan beysisi ,

يَتَأْتِيهَا النَّبِيُّ حَرَضًا مِّنَ الْمُؤْمِنِينَ عَلَى الْقِتَالِ

*Yoo isin orma islaamarraa namni diiddamni lolarratti obsu jiraate,

إِن يَكُن مِّنْكُمْ عَشْرُونَ صَابِرُونَ

*Kuffaara dhibba lama injifata, mu'minni tokkichi kaafira kudhanitti qixxaaya,

يَغْلِبُوا مِائَتِينَ

*Yoo namni sabrii qabu dhibbi tokko isinirraa argamee, kuffaaran wal loltan,

وَإِن يَكُن مِّنْكُمْ مِائَةٌ

*Warra Rabbitti kafare kuma tokko ni injifatan,

يَغْلِبُوا أَلْفًا مِّنَ الَّذِينَ كَفَرُوا

65} *Sababaa warri Rabbitti kafare sun kan

بِأَنَّهُمْ قَوْمٌ لَا يَفْقَهُونَ ﴿٦٥﴾

waan Rabbiin warra jihaada godhuu qopheesse hin beyne tayeef jecha. maalif namni yoon jihaada keessatti du'e , takkaayuu ajjeese sawaaba namni biraa hin argannen argadhaa yaadu, kan du'aa jiruun harka Rabbiiti jirtii yaadu,lolarraa hin deebi'u, ammoo namni Rabbin beyne kan eegan du'ee jiruu, jiruu addunya'aa tanarra gaari'iitan argadhaa hin yaanne, kan du'aa jiruun harka Rabbiiti jirtii hin yaanne, garaa muratee, qalbii takkitti'iin, lolatti if hin darbuu, duuba warri islaamaa kan garaa muratee lolu, kan gargaarsi Rabbii wajji jiru lafarraa isa haamaa, tanaaf namni islaamaa tokkichi sabrii qabu nama kuffaaraa kudhanitti qixaaya, akkanatti Rabbiin gaafa ormi islaamaa xiqqaadhaa, namni islaamaa tokkichi nama kaafiraa kudhan dheysuu dhabu'utti giddee, onnee kaafiraa luynoomsee, akka kaafira cabsan godhee jira lola hedduu keessatti .

*Ammoo eega ormi islaamaa heddomma-

أَلَنْ خَفَّفَ اللَّهُ عَنْكُمْ وَعَلِمَ أَنَّ فِيكُمْ ضَعْفًا

atee Rabbiin akki je'e: waan laafinni qaama keessanirraa mul'atuuf, ajaja tokkoon keessan kuffaara kudhaniin qabsoo godhu'uu yookaa lolu'uu isinirraa laaffisee ,tokkoon keessan nama kaafira lamaan loluu dirqama isinirratti godhee je'een,

*Tanaaf yoo dhibbi keessan , kan lolarratti obsu argame ,kuffaara dhibba lama ni injifata akkana jechuun; dhibbi tokkoon keessan dhibba lamaan kaafiraatin lolee cabsuun giddi'i yookaa dirqama jechu'

فَإِن يَكُن مِّنْكُمْ مِائَةٌ صَابِرَةٌ يَغْلِبُوا مِائَتِينَ

*Akkasuma yoo kummi keessan argame kuffaararraa kuma lama injifatuun keessan waan Rabbiin muree dabarse, fedhii isaatin, ormi islaamaa harki tokko, kuffaara harka lama injifatuun, waan Rabbiin fedhii isaatin dabarse,

66}*Rabbiin warra obsee jihaada godhuun

wajji gargaarsa isaatin jira,qabsoo kaafirarratti obsuun, mu'minarratti jira, ammoo dirmatee kuffaara cabsuun Rabbiratti jira, gaafa lola badrii ormi islaamaa kuffaararraa dhiira lolaa jajjabduu torbaatam {70} boojiyaniiti ni fin'amoo bakka fin'u, yookaa bakka ajjeefnu horii kennanii haa if bitanii, jecha'arratti wal dhaban, gariin isaanii akki je'e; jarri kun matootii kuffaaratii haa fin'uu, ammoo gariin isaanii akki je'e; ormi kun warra horii qabuu kuun kan waa katabuu beekhuu, kan waa beekhu joollee islaamatiifii ashkara islaamaa waa barsiisee,kan horii qabu horiidhan if bitee, horii saniin ashkara islaamaa haa jabeessinuu, ormuma kuffaaraa kanaa Rabbiin qajeelchee ni islaamayanii je'a-nii akkatti wal dhaban, haa tayuu gamni guddaan du'arraa dhiifnee, horii irraa haa fuunuu je'ee, horii irraa fuudhanii du'arraa dhiisan,duuba hoggaasan Rabbiin aayata buusee akki je'e.

*Nabiyyichi Rabbii odoo akkaan kuffaara fixee dachii hin guunne, kuffaara boojiyee horii irraa fudhatuu hin qabuu, maalif warra boojiyame san fixuu dhabuu nabi muhammadirra barbaaddan? yaa warra amane,

*Warra boojiyamerraa horii Fudhattanii ajjeechaa irraa dhiisu'uun gaaddisa addunya'aati barbaaddanii? feetanii?

*Rabbiin jara san ajjeeftanii sawaaba aakhiraa argatuu isiniif fedhaa,

67}*Rabbiin kan jabeenya qabu, kan hikmaa qabu.

*Odo Rabbiin waan balleessitan kanarratti isin hin qixaaxu, jechaa katabee dabarsuu baatee, takkaa warra lola badrii dhufe, odoo waan fedhe dalagee hin qixaaxu je'ee, dabarsuu baatee,

68}*Silaa sababaa waan kuffaararraa fudhattaniiif, azaaba gudda'aatu isin tuqa

*Haa tayuu waan boojitanirraa,inni halaa-

وَإِنْ يَكُنْ مِنْكُمْ أَلْفٌ يَعْلَبُونَ أَلْفِينَ بِإِذْنِ اللَّهِ

وَاللَّهُ مَعَ الصَّابِرِينَ ﴿٦٦﴾

مَا كَانَتْ لِنَبِيِّ أَنْ يُكُونَ لَهُ أُسْرَىٰ حَتَّىٰ
يُتَّخِذَ فِي الْأَرْضِ

تُرِيدُونَ عَرَضَ الدُّنْيَا

وَاللَّهُ يُرِيدُ الْآخِرَةَ

وَاللَّهُ عَزِيزٌ حَكِيمٌ ﴿٦٧﴾

لَوْلَا كُتِبَ مِنَ اللَّهِ سَبَقٌ

لَمَسَّكُمْ فِيمَا أَخَذْتُمْ عَذَابٌ عَظِيمٌ ﴿٦٨﴾

فَكُلُوا مِمَّا غَنِمْتُمْ حَلَالًا طَيِّبًا وَاتَّقُوا اللَّهَ

lii, waan gaari'ii nyaadhaa Rabbi sodaadhaa,
69} *Rabbiin kan namaa araamee rahg-

إِنَّ اللَّهَ عَفُورٌ رَّحِيمٌ ﴿٦٩﴾

mata namaa godhuu. Gaafa lola badrii ormi islaamaa nama torbaatama orma kuffaararraa boojiyani, horii irraa fudhatanii, jara katabbii beekhun orma islaamaa barsiisaa je'anii, akkasitti du'arraa oolchan, duuba Rabbiin aayata buusee akka je'ee,

*Yaa ergamaa kiyyaa muhammad, orma boojitanii harka keessan jiruun akki jettu;

يَأْتِيهَا النَّبِيُّ قُلٌّ لِّمَن فِي أَيْدِيكُمْ مِنَ الْأَسْرَى

*Rabbiin yoo qalbii teessan keessatti kheyri yookaa iimaana arge, yoo amantan jechu'uu,

إِنَّ يَعْلَمُ اللَّهُ فِي قُلُوبِكُمْ خَيْرًا

*Horii isinirraa fuudhame, kan kennita nii if bittanirra waan caalu isinii kenna je'iin addunya'arratti, horii sanirra heddu'uu isinii kennee, aakhira'attis sawaaba isinii heddommessee,

مُؤْتِكُمْ خَيْرًا مِّمَّا أَخَذَ مِنْكُمْ

*Yoo amantanii qajeeltan, dilii teessan isiniif araara,

وَيَغْفِرْ لَكُمْ

70} *Rabbiin kan mu'minaa araamee, rahgmata isaanii godhu. je`iin.

وَاللَّهُ عَفُورٌ رَّحِيمٌ ﴿٧٠﴾

*Ammoo yoo warri boojiyame sun ,si ganuu fedhanii ,waan gara'aan qabne afaanin mul'isan ,

وَإِنْ يُرِيدُوا خِيَانَتَكَ

*Odo lolla badrii hin tayin dura, kafaraniiti Rabbi gananii jirani,

فَقَدْ خَانُوا اللَّهَ مِنْ قَبْلُ

*Duuba Rabbiin harka keessan seensisee isaan ajjeesu'uufii, boojiyuu isaanirraa mijjeeyfattanii, duuba ammas yoo deebi'anii si ganan akkasuma isaan goonaa hin sodaatin,

فَأَمَّا كُنْ مِنْهُمْ

71} Rabbiin kan waa hunda beekhu kan waan dalagu hunda keessatti hikmaa qabu, kan waan akka qabu dalagu.

وَاللَّهُ عَلِيمٌ حَكِيمٌ ﴿٧١﴾

*Warri orma makkarraa amanee, diinaa ifii jabbeeffatu'uu je'ee, makkarraa godaanee,

إِنَّ الَّذِينَ آمَنُوا وَهَاجَرُوا

*Karaa Rabbi, diinaa isaa gad dhaabu'uu jecha ,hori'iifii lubbuu isaanitiin jihaada godhanii, kuffaaran lolan ,isaan warra makkarraa madiina'atti godaanee,

وَجَاهَدُوا بِأَمْوَالِهِمْ وَأَنْفُسِهِمْ فِي سَبِيلِ اللَّهِ

*Ammas warri madiina'aa kan nabi muh-
ammadiifii warra isatti amane qubsiise,

*Kanneen lubbu'uufii horii kennanii isaa
tumsanii ,diinaa dhaabu'urratti gargaaran ,

*Ansaarotafii, muhaajiroonni warri madii-
naa taa'u kan amaneeffii, warri makkarraa
madiina'atti godaane,

*Gariin isaanii owliyaa garii isaaniti wal
dhaalu'uufii, walii dirmatu keessatti, aanaa
waliiti, tanaaf ansaarotaafii muhaajiroonni
wal dhaaluu turan,

*Ammoo warri amane,kan makkarraa madi-
iina'atti isaanin wajji hin godaanin,

*Waa takka aanaa waliin taatan, walin dha-
altan, hanga godaananii, madiina'atti ga-
lanitti ,

*Ammoo yoo jarri hin godaanin sun , kuf-
faari nu miidhee nuu dirmadhaa isiniin je'e ,

*Isaanii dirmadha'aa, kuffaara irraa de-
ebisaa,

*Yoo orma kuffaaraa kan isiniifii isaan
jidduu baallamni wal loluu dhabuudhaa ji-
rurratti nu gargaaraa isiniin je'an malee, gaa-
fana isaanii dirmatu'uu jecha baallama hin
diiginaa,

72} *Rabbiin waan isin dalaydan ni argaa
sodaadhaa.

*Warri Rabbitti kafare hundi owliyaa, yo-
okaa aanaa waliiti, wal dhaalanii waliif dir-
matanii, isiniifii isaan jidduu dhaalli hin jiru,

*Yoo orma islaamaa aanaa godhattanii,
kuffaaran loluu baattan,

*Fitnaa yookaa bala'aatu addunyaa tanar-
ratti taya,

73} *Ammallee badii guddo'ootu taya, kuff-
aari jabaatee, islaamni laafee.

*Warri Rabbitti amanee hijraa bayee, yoo-
kaa godaanee karaa Rabbi keessatti qabsoo
kuffaaratti godhe, isaan sun muhaajirootaa ,

وَالَّذِينَ ءَاوَأُوا

وَنَصَرُوا

أَوْلِيَّكَ

بَعْضُهُمْ أَوْلِيَاءُ بَعْضٍ

وَالَّذِينَ ءَامَنُوا وَلَمْ يُهَاجِرُوا

مَا لَكُمْ مِنْ وَلِيَّتِهِمْ مِنْ شَيْءٍ حَتَّىٰ يُهَاجِرُوا

وَإِنِ اسْتَنْصَرُوكُمْ فِي الدِّينِ

فَعَلَيْكُمْ النَّصْرُ

إِلَّا عَلَىٰ قَوْمٍ مَّيْلَتْكُمْ وَيَبْتَغِي مَيْثَقًا

وَاللَّهُ بِمَا تَعْمَلُونَ بَصِيرٌ ﴿٧٢﴾

وَالَّذِينَ كَفَرُوا بَعْضُهُمْ أَوْلِيَاءُ بَعْضٍ

إِلَّا تَفْعَلُوهُ

تَكُنْ فِتْنَةٌ فِي الْأَرْضِ

وَفَسَادٌ كَبِيرٌ ﴿٧٣﴾

وَالَّذِينَ ءَامَنُوا وَهَاجَرُوا وَجَاهَدُوا فِي سَبِيلِ

اللَّهِ

*Ammas warri madiina'aa, kan orma isla-
amaa qubsiisee ,isaan gargaare,

*Isaan sun, warra dhuga'aan amanee,

74} *Jara saniif guyyaa boruu, araaramaafii,
rizqii gaari'iitu jira .

*Warri, eega warri isaan dura amane hijraa
bayee ,warra makkaraa amanee,

*Hijraa bayee, isaanin wajji qabsoo godhe,

*Isaan isinirraayii beekhaa , yaa ansaarota-
afii muhaajiroota,

*Warri aanaa walii taye,karaa dhiigatiin,

*Gariin isaanii garii isaanii dhaalu`uutu irra

caala,namni rahgimummaa walirraan qabne wal dhaalu'urra ,isaantu nama bi-
raa hunda dura dhaalatti durfama, gaafa duraa ormi islaamaa odoo rahgim-
ummaan isaan jidduu jiraatullee baattee, wal dhaaluu turan ,ammoo eega ormi
islaamaa heddommaatee,akka aali'iitin yookaa rahgimaatin wal dhaalan ,

*Heerri hijra'aatifii dhaalaa kun,waan kita-
aba Rabbii keessa jiru,kan Rabbiin katabee
kitaaba lawhgal mahgfuuz je'amu keessatti
dabarse,

75} *Rabbiin waa hunda beekhaa, waan isin
miidhu hunda addaan babaasee isinii hima.

وَالَّذِينَ آوَأُوا وَنَصَرُوا

أُولَئِكَ هُمُ الْمُؤْمِنُونَ حَقًّا

لَهُمْ مَغْفِرَةٌ وَرِزْقٌ كَرِيمٌ ﴿٧٤﴾

وَالَّذِينَ آمَنُوا مِن بَعْدُ

وَهَاجَرُوا وَجَاهَدُوا مَعَكُمْ

فَأُولَئِكَ مِنكُمْ

وَأُولُوا الْأَرْحَامِ

بَعْضُهُمْ أَوْلَىٰ بِبَعْضٍ

فِي كِتَابِ اللَّهِ

﴿٧٥﴾ إِنَّ اللَّهَ بِكُلِّ شَيْءٍ عَلِيمٌ